Itoophiyaatti Mana Marii Muslimoota Naannoo Oromiyaa
በኢትዮጵያ የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልል ሙስሊሞች ምክር ቤት
المجلس الأعلى لمسلمي إقليم أوروميا بإثيوبيا
Oromia Region Muslims Council in Ethiopia

ቁጥር/Lakk MMWDhI/S/K/0159/15 الرقم

ቀን/Guyyaa 01/05/2015 التاريخ

Qaama Dhimmi ilaalu Hundaaf

Dhimmi isaa: Xalayaa Deeggarsaa kennuu Ta'a

Akkuma mata duree irraatti ibsuuf yaalame Godinni Shawaa kaabaa xalayaa lakk MMDI/G/S/K – 15- 15 gaafa guyyaa 23/01/2015 barreesseen gama tokkoon baay'inni hawaasa Muslima godinichaa baayyee xiqqaa akka ta'ee fi magaalaan Ficheetiis magaalaa baayyee guddachaa jirtuufi kanumaa waliin lakkofsii jiraataa hawaasa muslimaa heeddu xiqqaa akka ta'e kan ibsan yoo ta'u, gama biraatiin immoo Yuuniivarsitiin Salaalee waggaa waggaan barattoota muslimaa baay'ina qaban simmachaa jiraachuu ibsanii jiru. Hata'u malee, masjidni salaata shanan itti salaatan kan hinjirree ta'uufi rakkoo kana maqsuuf lafa mana xiqqaa of irraa qabu bituuf sochiin kan eegalame ta'uufi, humna jiraataa godinichaa fi barattootaatii ol akka ta'eef, abbaan qabeenyaa fi hawaasni muslimaa bal'aan deeggarsa barbaachisaa akka godhuuf xalayaa deeggarsaa akka barreessinu nu gaafatanii jiru.

Kanaafuu, hawaasni muslimaa fi arjoomtoonni hojii Rabbiin biratti mindaa ol'aanaa qabu kana irratti hirmaachuun rakkoo masjida magaalaa Fichee keessatti uumameef furmaata akka ta'u gaafachaa lakkofsi herreega baankkii "Iklas yemuslim temariwoch jama'a" **Baankii Awaash <u>01425993404700, Baankii Daldala Itiyoophiyaa 1000487139328 fi Baankii Oromiyaa 1530223700001</u>** ta'u ibsaa deeggarsa godhamu hundaaf duraan durseen maqaa Rabbiitiin ni galateeffanna.

Nagaa Wajjin

Muhammad Gaali Abbaa Filxaa
Hojii Gaggeessaa

TEL ስልክ 0115 15 27 71 /0115 50 50 95
FAX ፋክስ 0115 51 49 31
www.oriasc.et com
P.BOX ፖ.ሳ.ቁ 14226